# Jaalala Hojii

Afaan Oromoo

Kutaa 3

Leveled



# Jaalala Hojii

| Afaan Oromoo | Kutaa 3 | Leveled |
| --- | --- | --- |



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen Dhabbata 'Save the Children' fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa'ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/


## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.
- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.
- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.
- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

## Gaaffiwwan Dubbisuu Duraa

1. Cimanii hojjechuun bu'aa maalii qaba?

2. Cimanii hojjechuun gaariimoo yaraadha? Sababa keessan ibsaa.



## Horsiisa Horii


Obbo Amanteen qotee bulaafi horsiisee bulaa cimaadha. Sababa cimee hojjetuufis sooromee jira. Hawaasaafi ollaa isaa birattis kabaja argatee jira. Maddi kabaja isaa kunis cimina hojii isaa akka ta'e namni hundi waliif galeera.

Hojiiwwan obbo Amanteen cimee hojjetu keessaa tokko horii horsiisuudha. Horiiwwan obbo Amanteen horsiisu saawwan, hoolota harrootaafi fardeenidha. Jalqabumatti hojii isaaf jaalala guddaa qaba. Obbo Amanteen akka jedhutti "Namni tokko hojii hojjetuuf  dulsa jaalala qabaachuu qaba," jedha.

Obbo Amanteen horii horsiisuuf dallaa horiin isaa keessa bulan ijaara. Dallaa keessaas sangoota, saawwan, jibootaafi gorommiitu bula. Dallaa birattis godoo lonii ijaara. Godoo lonii keessa ammoo nama horii bira bulee eegutu bula.

Yoo dallaan horii dhoqqaa'e ammoo dallaa geeddaruun hojii cimaadha. Dallaa geeddaruun faayidaa guddaa akka qabus obbo Amanteen hubateera. Bakki dallaan irraa geeddarame qonnaaf oola. Bakkichis ciicata waan ta'eef akka xaa'ootti fayyada.

Horiin obbo Amantee ganamaan yaa'u. Erga yaa'anii booda gara kalootti bobba'u. Kaloo jechuun bakka margi lalisaan jirudha. Horiin bakka kalootti yoo bobba'e hamma quufutti dheeda. Horiin isaa marga dheedanii yoo quufan niciciisu. Yeroo kana obbo Amanteen baayyee gammada.



Yeroo waaree (gara sa'atii ja'a) yoo ta'u horiin nidheebotu. Kanaaf gara lagaa geessanii bishaan obaasuun baayyee barbaachisa. Haaluma kanaan obbo Amanteen yeroo eegee horiin isaa akka bishaan dhuganii deebi'an taasisa. Kana qofaa osoo hintaane waggaatti al tokko horiin isaa hora akka dhugan godha.

Obbo Amanteen, yeroo galgalaa'u horii isaa gara dallaatti akka deebi'an godha. Fardeeniif harroota mooraa naannawa manaa keessa akka bulan taasisa. Hoolonni isaa ammoo gorduuba manaa akka bulan godha. Ilmooleen hoolaa ammoo qembee (guuboo) jala akka bulaniif itti gombifama.

Jabbileenis gorduuba manaa keessa akka bulan taasisa. Kanaaf nageenya isaanii akka eegamu hubata. Ameessi yeroo elmamanis aannan hamma dhumutti mucha sa'aa keessaa akka hindhumne taasisa. Sababni isaas aannan mucha keessaa yoo dhume jabbileen waan hodhan hinqabaatan waan ta'eef. Elemaa ganamaa boodas jabbileen gara kalootti bobba'anii akka tikfaman taasisa.




## Mooree

Naannaawni mana jireenya obbo Amantee kutaawwan mooraa adda addaa qaba. Akkuma duraan jenne, kutaa mooraa tokko keessa fardeeniif harrootatu bula. Kutaa mooraa inni biroon ammoo taa'umsa adda adda dhagaa irra hojjetamu qaba. Bakki kun bakka bashannanaati. Yeroo tokko tokko bakka taa'anii jaarsummaa dubbatanidha.


Kutaan mooraa inni biroon ammoo bakka biqiltuun keessatti oomishamudha. Obbo Amanteen geeshoo biqilchee, kunuunsee guddisuun gabaaf oolcha. Yeroo baayyee namni naannaawuma mana isaa dhufee geeshoo irraa bitata. Geeshoon kunis farsoo ittiin naqachuuf fayyada. Geeshoon madda galii obbo Amantee keessaa isaa tokko jechuun nidanda'ama.

Kutaan mooraa itti aanu ammoo bakka itti dinichi qotamudha. Bakki kun bal'aadha. Bakki dinnichi itti oomishamu kun bakka qaljiidha. Kan inni naannawa manaa ta'es balfa hoolotaa itti gatuuf. Bakki balfi itti gatame kunis waan qaljaa'uf oomisha gaarii kenna. Sababni isaas balfi itti gatamu kun akka xaa'otti waan fayyaduuf.



Obbo Amanteen naannawa manaatti dhaabbachaa ture irratti qamadii facaasuu filata. Sababni isaas qamadiin gatii guddaa waan qabuuf. Gatiin qamadiifi gatiin xaafii walqixa. Bakki obbo Amanteen jiraatu garuu xaafii hinbiqilchu. Kanaaf qamadii oomishee xaafiitti geeddarata. Kana jechuunis qamadii gurguratee xaafii bitata jechuudha.

Obbo Amanteen qamadiitti aansee garbuu akaakuu adda addaa oomishuu filata. Kana jechuunis garbuu adiifi, garbuu gurraacha, oomisha. Garbuu gurraachi farsoo naquuf filatamaadha. Akaakuu garbuu keessaa gaammaan ammoo akaayiif filatamaadha. Bakki isaa baddaa waan ta'ef garbuu oomishuuf baayyee mijataadha.



Kana malees, obbo Amanteen baaqelaa, ataraafi talbaa oomisha. Oomisha oomishuu irraas galii adda addaa argata. Galii argatuunis ijoollee isaa barsiifata. Baadiyyaa keessatti mana gaarii ijaarrateera. Ibsaa humna aduutiin hojjettus mana isaatti galfateera. Televizyiniis waan bitatee jiruuf odeeffannoon biyyaa keessaafi alaa isa hindarbu. Obbo Amanteen cimanii hojjechuu irratti waan fakkeenyummaa qabuuf aanaa isaa keessatti beekamaadha.

## Muuxannoo waljijjiiruu

Gaaf tokko qonnaan bulaan hojii obbo Amanteetti hedduu gammadan tokko muuxannoo irraa fudhachuuf isa bira deeman. Obbo Amanteenis qonnaan bulaa muuxannoo fudhachuuf isa bira dhufe kanaaf muuxannoo kennuu irratti akka fedha guddaa qaban ibsaniif. Jalqaba akkuma qonnaan bulichi isa bira dhufeenis obbo Amanteen buna isaaf danfisuun simate. Sanaan booda, qonnaan bulaan sun hojiwwan qonnaa kanneen akka horii horsiisuufi oomisha dhangaa adda addaa irratti bobbaa'ee hojjechuuf fedhii qabaachuu isaa gaafate. Qonnaan bulichis fedhii akka qabu ibseef.



Obbo Amanteen qonnaan bulaa sana harka qabatanii gara oomisha qamadii garbuufi baaqelaafaa geessan. Jalqaba irratti oomisha dhangaa oomishan kana irraa waggaa tokko keessatti qarshii kumaatamatti gurgurachuu akka danda'an ibsaniif. sanan booda immoo bu'aa kana mara argamsiisuu kan na dandeessise waa lama jechuun qonnaan bulichaaf ibsan. Innis hojii qonnaa kana cimee hojjechuufi oomisha isaa yeroon facaasee yeroodhaan aamuu isaati. Obbo Amanteen qonnan bulichaan, atis akkuma koo cimtee yoo hojjatteefi  oomisha qonnaa kee yeroon facaastee yeroodhaan yoo aammatte ooomisha gaarii argachuun jijjiiramuu dandeessa ittiin jedhan.

Obbo Amanteen ammas qonnaan bulaa muuxannoo fudhachuudhaaf isa bira dhufe sana beeylada hedduminaan horsiisaa jiru agarsiisuuf geesse. Beeyladoota sana maras erga itti agarsiisee booda, kunuunsa isaaniif taasifamuu qabuufi bu'aa horsiisa beeyiladaa kana irraa argatu mara itti hime. Qonnaan bulaan obbo Amantee irraa muuxannoo fudhachuuf dhufanis beeyiladoonni sun maalfaa sooratanii akka furdachuu danda'an gaafate. Sanaan booda, obbo Amanteen kaloofi furushkaa beelladoonni sun dheedan yokaan sooratan itti agarsiise. Itti fufuunis furushkaa beeyladoonni sooratan kun maalirraa akka hojjetame itti hime. Dabalataanis ogeeyyii qonnaa naannawa isaa jiru irraa deeggarsa dabalataa gaafatee akka argatu isa gorse.

Qonnaan bulaan obbo Amantee irraa muuxannoo fudhachuuf dhufe deeggarsa yaadaa isaaf taasifame maraaf hedduu isa galateeffate. Sanaan booda immoo muuxannoo argate sana gara hojiitti jijjiiree hojjechuun qaba jedhee murteeffate. Haaluma kanaanis jaqaba irratti karoora erga baafatee booda, oomisha midhaan adda addaafi beeylada hedduminaan horsiisuu eegale. Isaan kana irraas bu'aa guddaa argachuun jijjiirama guddaa argamsiise. Jijjiirama kanaaf immoo bu'uura kan ta'e muuxannoo obbo Amantee irraa fudhatame waan ta'eef qonnaan bulichi isa galateeffachaa jiraate.

## Gaaffiiwwan Dubbisuun Boodaa

1. Obbo Amanteen maal maal horsiisa?

2. Obbo Amanteen maal maal oomisha?

3. Obbo Amanteen naannawa manaatti kutaawwan mooraa adda addaa maaliif hojjete?

